Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Rakkoon Waldaa Mudachuu

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Ilmi Waaqayyoo Yasus warra du'an keessaa ka'ee guyyaa shantamaffaa booda, hafuurri qulqulluunn gara duukabuutota isaa dhufuun keessa isaanii jiraachuu eega'le. Duukabutotin isaa Waaqayyo abbaa, Ilma Waaqayyoo (Yasus) Waaqa hafuura qullqulluu hundumti isaanii Waaqa tokko ta'uu hin barre, Waaqayyoon argachuu isaaniitti gammadoo turan. Waa'ee Yasus akka barbsiisaniif duuka buutota keessaa namin ture.

Namooti Yasusitti amanan waan qaban waliif hiran, warra rakkatoofisa isaaniif akkasuama. Garuu namooti lama Annaaniyaa fi Safiiraa jedhaman amanamummaa kan hin qabne turan. Lafa qaban gurguruun horicha hundumaa fakkeessuuf gara ergamaatatti fide. Dhokisaa gocha kanaa haatimanaa isaas in beekiti ture.



"Akka ati hafuura qulqulluu gowwoomsituuf maaliif seexanni laphee kee guute...?" jechuun Pheexiroos Annanoyaa gaafate.

"Ati nama gowwoomsaa hin jirtu Waaqayyoon gowwoomsaa jirta." Isa booda Annaaniyaan lafa dhahee du'e.

Dargaggooti bakka inni itti kufee kaasanii awwaalan.

Yeroo yartuu ishee booda, akka abbaan manaa ishee du'e utuu hin dhaga'in Safiiraan dhuftee ol seentee-akkuma isaatti waa'ee qarshii ergamaa bira fidanii sobuun haalli walfakkaataan ishee mudate. Waan kana namoota dhaga'an biratti sodaa guddaan uumame.



Karaa ergamaa isaa
hafuurri qulqulluun
mallattoo
gurguddaa fi
waan dinqisiisoo
baayyee hojjete.
Fakkeenayaaf,
gaaddidduun
Pheexiroor yeroo

irra ga'u namoota
dhukkubsatoo
fayyise.

Yeroon yeroo itti dinqii gurguddaan hojjetamaa tureedha, argamuu Waaqayyoo kan itti mul'atu. Namootin baayyeen Yasusitti amanana. Taateen
kun luboota urguddoo aarse. Ergamaa ta'ee mana hidhaa keessa jira!



Garuu halkan keessa ergamaan Waaqa balbala mana hidhaa irraa bane mana hidhaatii isaan baase, akka jedheen dhaqii mana qulqullummaa keessa dhaabbadhuu sagalee jireenyaa kana namootatti dubbadhu." Ergamaan mana hidhaatii ba'ee Yasusiin lallabuu eegale. Ganama lubooti gurguddoon mana hidhaa yeroo ilaalan manni hidhaa duwwaadha.

Xumura irratti isaan arge, lubooti gurguddoon ergamaa ifatan. "Maqaa kana akka hin barsiifne sitti himnee hin turree?" "Nama irra Waaqayyoof abboomamuu qabna," jechuun ergamootii fi Pheexiroos deebisaniif. Lubi guddaan baayyee aare, ergamaa ajjeessuuu barbaade. Karaa biraa akka isaan jibbamanii ari'aman taasie.

Itti dhagaa'amu irraa
ka'uun, ergamaan Waaqaaf
abboomame waa'ee Yasus achi
deemee as deemee lallabe.

Guyyaa tokko naming IIsxifaanos jedhamu to'annoo jala oole. Isxifaanos Yasus Waaqa jaalata. Hafuuri qulqulluun Isxifaanosiin fayyadamuun namooti biroon waa'ee Yasus akka hubatan taasise. Namootin muraasin, Isxifaanos faalla Waaqayyoo dubbata jechuun namoota itti kaasa. Erga itti qoosanii booda, sababa Yasusitti amaneef dhagaadhaan reebamee du'e.



Utuu hin du'un dura, Isxifaanos, hafuura qulqulluun guutamee, utuu ija irraa hin buqqifatin Waaqa keessa ol ilaalee, ulfina Waaqayyoo, Yasuusiin gara mirga Waaqayyoo dhaabbatee arge.

Utuu isaan dhagaadhaan rukutanii Isxifaanos, "Gooftaa Yasus, hafuura koo fudhadhu!" jedhee kadhate. "Namin gooti kun akkuma Yasu fannoo irratti raawware, warra isa ajjeesaa jiraniif yaa gooftaa cubbuu kana isaanitti hin lakkaa'in!" jedhee iyyee kadhatee obbaafate.

Du'i Isxifaanos dambalii ajjeechaa haaraa kaase. Qeerrichi Saa'ol, ajjeechaa Isxifaanositti hirmaatan kan gargaare, tokkoon tokkoon kirstiyaanotaa barbaaduun to'annoo jala oolche. Baayyeen isaanii mana isaanii gad dhiisanii baqachuun Yuudaa fi Samaariyaa keessa faca'an. Ergamaa qofatu

Yerusaalem keessatti hafe.

Dinoti isaanii isaan ajjeessuuf barbaadan illee, warri qe'ee isaanii gadhiisanii faca'an waa'ee Yasus oduu gaarii bakka garagaraatti lallabaa turan. Duuka buutota Yasu waanti dhaabu hin jiru-sababiinsaa hafuurri qulqulluun waan isaan keessa jiraachuu karaa isaanii waan hojjeteef.

Rakkoon Waldaa Mudachuu

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Hojii ergamootaa 5-7

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16